



Akkamittin wuduu'adha?

Barnoota akkaataa wu'duu'aa kan
suuraadhaan tahe, ibaadaa guddoo tana ibsa
irratti kennuudhaan wajji



Akkamittin wuduu'adha?

**Barnoota akkaataa wu'duu'aa kan
suuraadhaan tahe, ibaadaa guddoo tana
ibsa irratti kennuudhaan wajji**



ح) جمعية الدعوة والإرشاد وتوعية الجاليات بالربوة ، ١٤٤٦ هـ

مركز أصول

كيف أتوضأ: شرح مصور لكيفية الوضوء مع وقفات مع هذه الشعيرة
العظيمة باللغة الأورومية. / مركز أصول - ط ١. - الرياض ، ١٤٤٦ هـ

٤٨ ص ؛ ١٤.٨ x ٢١ سم

رقم الإيداع: ١٤٤٦/١٩٣٦٧

ردمك: ٩٧٨-٦٠٣-٨٥٤٥-٠٦-٥



- Wiirtuchi maxxansa kana kan qopeessee fi bocedha
- Madda isaatti akeekuu fi barreeffamicha irratti jijjiirraa gochuu irraa of eeguu woliin Karaa kamiinuu maxxansa kana maxxansuu fi raabsuuf wiirtuchi carraa kenna.
- Yeroo maxxanfamutti ulaagaaa qulqullinaa isii wiirtuun usuulaa irratti hundaa'u eeggachuun dirqama.



Maqaa Rabbi mararfataa rahmata godhaa taheetiin (jalqaba)



Duree

Galanni Rabbii gooftaa alamaa taheefi. Nagayaafii rahmanni nabiyyi keenya muhammadirratti haabu'u. maatiifii saahibban isaanii hundarrattis haabu'u.

Itti aansuudhaan:-

Islaamni amantii qulqulleeffannaati. Qulqillummaa qaamaa, uffataa fii bakka najisarraa qulqulleessuudha. Lubbuu diliifii haala fokkatarraa, yaada hamaarraa qulqulleessuudha.

Rabbiin bakka heddutti Muslima xahaaratti ajaje. San keessaa salaataaf xahaarachuudha. Salaanni utubaa islaamaati. Isiin hariiroo guddoo Rabbiifii gabricha isaa jidduuti. Guddina isiitiif Rabbiin isii duratti ulaagaalee babbareedduu kaaye. Tan akka azaanaa, uffata gaarii uffachuu, xahaaraa wuduu'aa qama dhiqachuufii tayammumaa.



Rabbiin oltahe akkana jedhe “Yaa warra amantan! Yeroo salaataaf kaatan, fuulleen keessan dhiqadhaa, harkoowwan keessanis hanga ciqileetti, (dhiqadhaa). Mataawwan keessaniis haxaa’aa; Lukkeen keessanis hanga koronyoo lameeniitti (dhiqaa). Yoo janaabawoo taatan (bishaan saalaa isin irraa dhangala’e) qulqulleeffadhaa (dhiqadhaa). Yoo dhukkubsatoo taatan yookiin imala irra jiraattan yookiin tokkoon keessan mana fincaanii irraa dhufe, yookiin yoo dubartiin wal tuqxanii (qunnamtii saalaa gootanii), ergasii bishaan hin argatin dachii (biyyee) qulqulluu barbaaddadhaa (tayammuma godhadhaa). Isa irraas fuulleen keessaniifi harkoowwan keessan haxaa’aa. Rabbiin rakkina tokkollee isin irra fiduu hin fedhu. Garuu isin qulquleessuufi ni’imaa Isaa isin iraatti guutuu fedha, akka isin galateeffattaniif jecha.” (Suuraa maa’idaa 6)

Nabiin s.a.w. akkana jedhan “salaata tokkoo keessanii Rabbiin hinqeebalu yoogguu hadase hanga wuduu’a godhatutti.

Wu’duu’aaf sadarkaa guddaatu jira, inni walakkaa iimaanaati, isaan Rabbiin dilii namarraa haqa, sadarkaa namaaf olfuudha, inni karaa jannataati, ifaa muslimaa kan guyyaa qiyaamaati. Isaan hidhaan shayxaanaa namarraa ciramti, inni mallattoo umata kanaati guyyaa qiyaamaa, booqaalee qoqqoloo ifaan fuula harkaafii miila isaanii irraa ifu tahaniiti dhufan sababaa wuduu’aarraa.

Abiihureyrrarraa odeeffame Nabiin s.a.w. akkana jedhan jedhe:- gabrichi muslimaa- yookaa mu’iminaa tokko yeroo wuduu’a godhatee fuula isaa dhiqate diliin ija isaatiin laale hundi bishaaniin wajji-dhaphi bishaanii taboodaatiin wajji isarraa buuti. Yeroo harka isaa lameen dhiqate diliin harki isaa lameen tuuyxe hundi bishaaniin wajji- dhaphii bishaanii taboodaatiin wajji isarraa buuti. Yeroo miila isaa dhiqate diliin miila isaa lameeniin itti deeme hundi bishaaniin wajji-dhaphii bishaanii taboodaatiin wajji isarraa buuti hanga dilirraa qulqullaawaa tahee bahutti” muslimtu odeesse.

Abiihureyrrarraa odeeffame Nabiin s.a.w. akkana jedhan jedhe:- ummanni tiyya guyyaa qiyaamaa booqaa qoqqoloo (kan fuula harkaafii miillu ifu) tahanii dhufaan faana wuduu’aarraa” jedhe (bukhaariif muslimtu odeesse.



Qabiyyee



Mataduree

Lakkoofsa fuulaa

- | | | |
|---|---------------------------------|----|
| 1 | Qulqullummaa islaama keessatti | 11 |
| 2 | Xahaaraa salaataaf barbaachiftu | 13 |
| 3 | Seera dubartii laallatu | 17 |
| 4 | Naamusa mana fincaanii | 19 |
| 5 | Akkamittin wuduuʼadha? | 23 |
| 6 | Janaabaraa akkamitti dhiqanna? | 34 |
| 7 | Xahaaraa addaa | 35 |
| 8 | Gaafii cimsachuu | 40 |



The background of the page is a light blue surface with numerous water droplets of varying sizes. Pink roses are scattered around the edges: one in the top left corner, a large one on the right side, and another in the bottom right corner.

Qulqullina islaama keessatti

Qulqullummaan (xahaaraan) islaama keessatti sadarkaa guddaa qabdi. Isiin xahaaraa gubbaa tan bishaaniin taate qofarratti hingabaabattu. Hiikkaan isii najisaafii xurii hundarraa qulqullaawuudha kan gubbaa tahuu kan keessaa tahuu.

Xahaaraan keessaa qalbiin Rabbitti qindeessurraa qulqullaawuu, amantaa dharaatiifii jazbummarraa, amala fokkataa akka waanyoo, jibbaa, muslimatti zannii baduu, jibbaa, doynummaa, gantummaafii kkf irraa qulqullaawuudha.

Xahaaraan gubbaa najisa mul'aturraa takkaa wu'duu'a dhaburraa qulqullaawuu bishaaniin yookaa biyyeen taha. Hadasa deemsisuudha. Hadasni xiqqaafii guddaa qaba





Xahaaraa salaataaf barbaachistu

Salaanni maqoo gabrichaafii Rabbii isaa jiddutti taate. Gabrichi yeroo fuula Rabbii isaa dura dhaabbatu, bareechifatee tolfachuu qaba. Kanaaf Rabbiin salaataaf xahaarachuufii hadasa deemsisuu muslimtacharratti dirqama godhe. akkasuma jnajisa hundarraa qulqullaawuu qama uffataafii afata yookaa iddoon itti satus.



Wantootaa namni salaatu irraa qulqullaawuun dirqamaa

Namni salaatu hadasa guddaa xiqqaafii najisarraa qulqullaawuu qaba.

Hadasa jechuun xahaaraa murteen taate tan qaamaan walqabattuudha. Inni lamatti goodama.

1

Hadasa xiqqaa: sababaa udaan, fincaan, yookaa dhuufuun namarraa bahuutiin argama. Akkasuma hirriba rafuutiin argama. Hadasni kuni wuduu'aan namarraa deema.

2

Hadasa guddaa: janaabaa jedhama. Sababaa qunnamtii saalaa geggeessuutiin yookaa maniyyiin namarraa bahuutiin namarratti argama. Qama hunda bishaan waliin gayanii dhiqachuudhaan namarraa kaafama.

Ammo najisni: inni xurii waan mul'atu akka fincaan, udaaniifii dhiiga dhangala'uuti. Xahaarsuun isaa bishaaniin dhiquudha hanga inni waan tuqe sanirraa dhabamutti.

Fincaan namarraa bahuun hadasa jedhama fincaan sun ammo najisa jedhama.

Namni salaatu hadasaafii najisa hundarraa qulqullaawuu qaba.




Yoo hadasa xiqqaa qabaate wuduu'a godhata.



Yoo hadasa guddaa qabaate qama dhiqata.

Nama salaaturratti waa sadi qulqulleessuun dirqama taha.





Seera dubartoota qofa laallatu

Dubartiin xahaaraa keessatti akkuma dhiiraati. Waan Rabbiin kophaa isiin baase tan akka hedawuu,ulfaawuufii dayuu malee. Kuni ogummaa Rabbiirraayi akka ilminamaa walhoree dachii misoomsuu ittifufuufi.

Seerri islaamaa lafinna uumaa isii ilaalcha keessa galchee yeroo laguufii dayuumsaa (inni dhiiga yeroo gadaamessaan ilmorraa qullaatahe dubartitti dhufu) dirqamummaa salaataa irraa buuse. Xahaarachuuftii salaatuunis yeroo heydiifii nifaasirraa xahaaratte taha. Istijmaara jechuun bakka fincaaniifii udaan irraa bahan dhagaa, sooftiifii waan kana fakkaatuun dhiqachuu jechuudha.

Dubartiin yoo rifeensa isii shurrubbaa dhawatte yeroo janaabaa, heydiifii nifaasirraa dhiqattu rifeensa hiikuun isii hinbarbaachisu. Yoo bishaan kamataa gadi seenu tahe.





Naamusa mana fincaan

Islaamummaan jiruu muslimaa hunda karoora qabsiise akka isiin jiruu kabajamtuu jiruu beeyladaatiin adda taatuuf jecha. hanga wantoota namoonni islaama hintahin yadachuu hindandeenye keessatis. tan hakka seera mana fincaanii tan namni hundi itti haajamu.

Namusoota mana fincaaniirraa islaama keessatti

- ❖ Miila isaa kabitaa dursa yeroo mana fincaanii seenu. Du'aa'ii beekamtuu jedha "Allaahumma inni au'zu bika minal khubusi wal kabaa'is." Hiikkaan "yaa Rabbi ani sheyxaana dhalaafi kormaa isaarraa sittin maganfadha" jechuudha.
- ❖ Yeroo bahu miila mirgaa dursa du'aa'ii bahaa "gufraanaka" jedha.
- ❖ Qiblatti fuula deebiiu dhabuu fii duuyda galuu dhabuu. Kuni yoo jaarmayaan ala tahe nijajjabeeffama.
- ❖ Qama saalaa hagooguu ija namaarraa mana keessa tahuu alal tahuu.
- ❖ Karaa ummataa keessatti qulqulleefachuu dhabuu. Yooka bakka namni tattaautti. Yookaa bakka itti qulqulleeffachuun nama darartutti.
- ❖ Bishaan ciisu keessatti qulqulleeffachuu dhabuu.
- ❖ Boola bineesaatiifii waan san fakkaatitti qulqullaawuu dhabuu.
- ❖ Fincaaniirraa akka waa qama isaa yookaa huccuu isaatti hinfacaane eeggachuu.

💧 Harka bitaatiin istinjaa godhachuu. Istinjaan bakka fincaaniifii udaan irraa bahe bishaaniin dhiqanii qulqulleessuu. Istijmaarri bakka san dhaqaa sadihiin yooka soofti fii waan kana fakkaatuun haqatanii qulqulleessuudha.

Istinjaa qofattis nitahaa istijmaara qofattis nitaha, lachuu walitti qabuunis nitaha. Kuni laaffisiinsa islaamaa irraayi.



💧 Islaamni qulqullummaa qaamaatti ajaja. Sanirraa bishaaniifii saabunaa yookaa fakkaataa isaatiin harka dhiqachuudha, mana fincaanii booda.



Akkamitti wu'duu'a godha?

Akkaataa wuduu'aa suuraan ibsuu.

Muslimtichi wu'duu'a dura kana itti aanu kana beekuu qaba.

- 💧 Wuduu'ini niyyaan malee hintahu. niyyaan Rabbiif qulqulleessan malee hintaatu. Niyyaa bakkiti isii qalbiidha malee arrabaa miti.
- 💧 Dabareen qama wuduu'aa eegamuun barbaachisaadha. Jidduu isii waljala oofuunis barbaachisaadha. Humni qaamaa tokko kan isa duraa dura dabruu hinqabu. Humniti tokko tan itti aantutti daburraayis booda hin aanfamtu.



Barkoodii kana sakatta'uudhaan akkaataa wuduu'aa itti raawwatan irratti barnootaa guutuu ta'e ilaali.



1

Niyyaa. wuduu'a hadasa deemsisu niyyachuu qabna. (osoo afaaniin homaa hindubbanne qalbiin niyyaa godhuu). Wuduu'ini niyyaan malee fayyaa hintahu. Akka nama osoo ibaadada hin niyyatin human qaamaa akkanumatti dhiqaatuu. Kana Rabbiif qulqulleessuu qabna.



2

bismillaa. jalqaba wuduu'aarratti bismillaahi jechuu barbaachisa.kanaan wuduu'a keenya jalqabna. Eegasii yoo mijjaawe siwaakaan afaan keenya qulqulleessina.



3

Ganaa lameen dhiqachuu. shanacha lameen hanga humnaatti yoggu 3 dhiqachuu. Fiixa qubaarraa hanga humnaatti.

4

Lulluuqqachuu funyaanitti olfuudhuufii gadideebisuu.

- A- Lulluuqqachuu:** isiin bishaan afaanitti qicatanii afaan keessa oofanii gaditufuudha.
- B- Istinshaaga:** inni bishaan harka mirgaatti qicatanii achirraa funyaanitti olfuudhuu.





C- Istinsaar: hafuuraafii harka bitaatiin bishaan funyaanirraa gadi baasuu.

D- Sunnaa barbaachisaa irraayiyoo soomanaa hintahin lulluuqqiifii ulfuudhuu funyaaniillee hoongan gayuudha.

E- Lulluuqqiifii funyaanessuun akkaataa lama qabdi.

- **Walitti fufuu:** bishaan harka tokko qicatanii cinaa afaanitti lulluuqatanii cinaa hafe funyaanitti olfuudhan. Qicannaa sadihiin kana yoggu sadi hojjata.
- **Adda baasuu:** lulluuqqiif qicata bishaanii tokko funyaaniif qicata bishaanii biro adda baasanii akkatti yeroo3 irra deebi'anii fayyadamuudha.



5

Fuula dhiqachuu: daangaan isaa dheerinaan bakka rifeensi mataa itti dhaabbaturraa kaasee hanga areedaati. Labbatti gurra lameen jidduudha.



Rifeensota fuularra jiran hunda dhiqun dirqama. Akka rifeensa areeda haffallii, affarroota, nyaara guddaa, nyaara xiqqaa, rifeensa hidhii gadii jalaa.

Harka lameen dhiquu: nijalqabna harka mirgaa fiixa qubaarraa kaafnee hanga ciqileetti, qubbeen harkaa walkeessa diruunhooqna. Biishaan hanga ciqileetti gadi buufnee dhiiqna. Harka bitaatis akkasumatti.



7

Mataa haxaawuu: harka lameen bishaan haarawaan jiifna. Harka jiidhaa sammuu gama duraa kanarra keenya. Hanga qonyee (dhanfooraa)tti achi oofna eegasii bakka irraa kaafnetti asdeebifna. Kuni nama rifeensa qabuufii moluufis tokkuma.



8

Gurra lameen haxaawuu: bishaan matarraa hafeen gurra lameen haxooyina. Akkaataan haxaawwii quba lameen daymaa uraa gurraa keessa seensifnee haxooyina. Quba guddaan ala erbee gurraa haxooyina. Akkasitti keessaafii gubbaa haxooyina.

Mataafii gurra wajji haxaawuun yeroma takka taati.





9

Miila lameen dhiqachuu: miila mirgaatiin jalqabna fiixa qubaarraa kaafnee hanga kiyyoo lameeniitti (lafee kurfoo asbaate lameen bakka manyeefii hirphiti itti walqabattuu) dhiiyna. Jidduu qubbeen miilaa ni hooyana. Koomeefii gubbaa faanaa dhiqutti nixiyyeeffanna. Eegasii akkanumatti miila bitaatis dhiiyna.



Faaruuftii khadhaa: muslimni yeroo wuduu'a xumure akkana jechuun jaalatamaadha:

Ash hadu allaa ilaaha illallaahu wahdahuu, laa shariika lahuu wa ash hadu anna muhammadan abduhuu warasuuluhuu.

Itti ida'uu dandiya:

Allaahumaj'alni minattawwaabiin waj'alnii minal mutaxxahhiriin.

Yookaa:

Subhaanaka Allaahumma wabihamdika, ashhadu allaaailaaha illaa anta, astagfiruka wa atuubu ileeyka.

Yaadachiisa:

- 1 **Mataan gurraan wajji yeroma takka haxaawama.** Ammo hojiin wuduu'aa tahafta yoggu sadi sadi irra deddeebi'amtii. Suni guutuudha. Yeroo lama lamas, ammo takka takka godhuun dirqama.
- 2 **Dabareen qaamota wuduu'aa barbaachisaadha.** humna kaan hindursitu.
- 3 **Waljala oofuun dhiqannaa qama wuduu'aa barbaachisaadha.** Hunma tokkoofi kan itti aanu jidduu turuun hinbarbaachisu.

Janaabarraa akkamitti dhiqanna?

Janaabarraa dhiqachuun bifa lama qabdi. guutuufii tan dirqamaati. Tan dirqamaa akka itti aanu kana:

- 1 Qalbittidhiqachuu niyyanna hadasa deemsisuuf.
- 2 Guutuu bishaaniin waliingayanii dhiqachuu. Afaan lulluuqachuufii funyaanessuun wajji qama

Amoo dhiqannaan guutuun dirqamaafii jaalatamas walitti qabatti akka itti aanu kanatti taati.

- 1 Ganaa lameen dhiqachuu.
- 2 Qama saalaarratti bishaan dhangalaasnee harka bitaatiin dhiqanna.
- 3 Wuduu'a guutuu waduu'anna. Miila xumura dhiqannaa qaamaatti dhiqachuuf booda aansuun nitaha.
- 4 Mataa keenya yoggu 3dhiqanna.
- 5 Dubartiin yoo rifeensa isii akka shurrubbaatti dhawatteeyoo kabishaan jala seenee mataa gayu taate dhawannaa isii san hiikuun hinbarbaachisu. Yeroojanaabaa, heydiifii nifaasirraa dhiqattu.
- 6 Cinaa mirgaa guutuu dhiqanna qama keenyarraa.
- 7 Eegasii cinaa bitaa guutuu dhiqanna.

Xahaaraa bifa addaa


Tayammuma (biyyeen xahaarachuu)

Islaamummaan namaaf laaffise, sankeessaa tokko taymuuma. Yeroo muslimtichi bishaan wuduu'atuun yooka qaamaan dhiqatu dhabe, akka imalarra jiraachuu, bishaani waan dhugumalee yoodhabe, yoo bishaan bitamu dhabe, yookaa maallaqa bitatuun dhabe waan gatiin qaalii taheef. Yookaa dhukkubaaf bishaan fayyadamuu dadhabe. Nama isa gargaaru dhabe. Yoo qabbana daangaa dabartee tan isa miitu taate. Yookaa kanneen biro. Asitti tayamuuma godhatuun hayyamamaadha.inni biyyeen qulqulleefachuudha.

Akkamitti taymuuma godhanna?

Qalbii teenyatti taymuuma niyyanna. Eegasii biyyee harkaan yeroo takka dhawanna. Eegasi guutuu shanachaafii fuula keenyaa isaan haxooyna.

Hadasa guddaafii xiqqaafis bifti tayamuumaa takkuma. Tamaymuuma booda ibaadaa xahaaraan isiif dirqamaa hunda hojachuu dandeenya. Yoo bishaan arganne yookaa fayyadamuu dandeenye tayamuumni nibada. Bishaan fayyadamuun dirqama nurratti taha.





Kopheefii kaalsirra haxaawuu

Muslimtichi yoo kophee uffate. yookaa waan isiifakkaatu akka kophee xiqqoofii kaalsii. Yeroo wuduu'aa baafachuun dirqamaa miti. Yeroo wuduu'a bakka miila dhiqatu gaye kophee yookaa kaalsii isaa harka jiidhaan irrahaxaawutu gaya.garuu xahaarrarratti kan kaayyate (uffate) tahuuqaba. Kana jechuun wuduu'a milas dhiqatee guttate boodaan tahuu qaba. Yoo akkas hintahin baafachuun dirqama taha.

Namni biyya taa'u nihayyamamaaf halkaniif guyyaa tokko kopherra haxaawuun. Ammo namni karaa deemu guyyaa sadihiifii halkan sadi haxaawuu dandiya.



Namni biyya taa'u:

Halkan tokkof guyyaa tokko haxaawiinsa itti fufuu dandiya.



Kara deemaan:

Halkan sadihiif guyyaa sadi haxaawinsa ittifufa.



Hidharra haxaawuu:

Jabiiraa (hidhaa) jechuun hidhaa namni caphe bakka caphe yookaa madaaye ittiin hidhatuudha. Yoo hidhaan sun qama wuduu'aarra taate yeroo wuduu'aa harka jiidhaan isirra haqa. Hanga haajaan hidhaa xumuramtee hiikkatutti, xahaararratti hidhachuun dirqamaa miti.

Yoo gariin humnaa mul'ataa tahee yoodhiqate isa hinrakkifne tahe hanga san nidhiqa kan hafe kan hidhaan irrajirturra nihaxaawa.

Xumura;

Rabbiin oltahe xumura aayata dhiqannaa qaamaa wuduu'aafii taymuumaa itti ajajerratti akkana jedhe. "Rabbiin rakkina tokkollee isin irra fiduu hin fedhu. Garuu isin qulqulleessuufi ni'imaas Isaa isin iraatti guutuu fedha, akka isin galateeffattaniif jecha" maaida 6.

Hiikkaan Rabbiin waan isin ajaje kana keessatti ba'aa isinirra kaayuu hinbarbaanne kan akka wuduu'a yeroo salaataaf dhaabbattanii, janaabaa booda dhiqachuu, yeroo sababaan isaa argame wuduu'a godhachuu kunu hunduu isin rakkisuufii miti. Rabbiin "rakkoo isinirra kaayuu hinbarbaadu." Isinirratti rakkisuu. Kanaan isinqulqulleessuu fedha. Lubbuu teessan najisa mul'ataafii dhokataa irraa isin qulqulleessuu. Diliifii xurii isitti dhoobame irraa dhiquu, "qananii isaa isinirratti guutuu" barbaada. Kanaan qananii isaa isinirratti guutuu barbaadaa yaa mu'imintoota. Seera laafaa isiinii buuse Kanaan. Naamusa isaa olfuudhamaa tahe Kanaan. Dirqamoota jaalatamoo tahan Kanaan, akka qananii isaarratti isa galateeffattanii, tola oolinsaafii seera isaarrattis galatoomfattaniifi, yoo isin isa galatoomfattan qananiifii tola isaarraa isiniif dabala.

Beekaan Rabbuma

Nagayaaf rahmanniifii barakaan gabrichaafii nabiyyii isaa Muhammad irratti haatahu.





Gaafii cimsiifannaa

1 Sirrii yookaa dogoggora jedhi

- ☐ Xahaaraan islaama keesstti uffata qaamaafii bakka irratti gabaabbatti.
- ☐ Wuduu'ini gabricha dilii ijji isaa harkaafii milli isaa dalayderraa isa qulqulleessiti.
- ☐ Heeydoytuu soomanaatu irraa bu'a malee salaanni irraahinbu'u.
- ☐ Afaanitti bishaan fuudhanii keessa oofanii tufuun istinshaaqa jedhama
- ☐ Lulluuqiifii funyaalessuu qicaa bishaaniin takkaan walitti qabuun hinhayyamamu.
- ☐ Fuula yogguu dhiq adda dhiquun diqamaa miti.
- ☐ Wuduu'ataan kiyyoo isaa dhiqoo irraanfatuun dogoggora faca'aa taherraayi.
- ☐ Bifti dirqamaa dhiqannaa janaabaa keessatti lulluuqiifii funyaalessuun wajji qama bishaaniin waliingayanii dhiquudha.
- ☐ Bifti tayamuma hadasa guddaa kan hadasa xiqqaatiin wal adda.
- ☐ Ulaagaa kopherra haxaawuu keessaa takka xahaararratti isii uffachuudha.
- ☐ Chapharra haxaawuun nitaha hanga haajaan xumuramtutti.

2 Ragaa salaataaf wuduu'ini barbaachisuudhaa ibsi?

.....

.....

3 Yoo muslimtichi irraanfatee wu'duu'a malee salaate salaanni isaa akkam taati?

☐

Fayyaa

☐

Nibaddi

4 Deebii sirrii filadhu:

1. Haalli xahaaraan itti dirqama taatu kami?

☐

Doomana

☐

Salaata

☐

Zikrii Rabbii

2. Dhagaa yooka sooftiin haqachuun maal jedhama?

☐

Istinjaa'a

☐

istijmaara

☐

istinsaara



Gaafii cimsiifannaa

5 Sadarkaa wuduu'aarraa sadi dubbadhu?

.....

.....

.....

6 Kan itti aanukana guuti

- 1- Muslimtichi salaata isaa dura
fiiirraa qulqulleeffachuu
qaba.
- 2- Naamusa mana fincaaniirraa fii
- 3- Wuduu'a keenya jecha n jalqabna. Eegasii
..... fayyadamneeafaan keenya qulqulleessina
yoonuuf laafe.
- 4- Yeroon kopherra haxaawan nama biyya jiruuf
dha.

7 islaamummaan xahaaraa gubbaatiifii keessaatiin dhufe. Lameeniifuu fakkii godhi?

.....

.....

.....

8 Najisa jechuun maali?

.....

.....

9 Funyanitti olfuudhuufii gadi deebisuu jidduu garaagarummaan jiru maali?

.....

.....

10 Du'aa'ii wuduu'a boodaa nibeytaa? Himi?

.....

.....

11 Akkaata dhiqannaa qaamaa jaalatamtuu guutuu himi?

.....

.....

12 Yoo salaanni geessee bishaan ittiin wadda'atu dhabe akkam godha?

.....

.....

Wu'uuda hojii kabajamtuu

Muslimni hunduu wudu'ini hojii kabajamtuu hojii islaamaarraa taate tahuu nibeeka. Karaabadiifii dilii irraa qulqullaawaniini. Hadiisatti muslimtoonni guyyaa qiyaamaa nikaafamanfuulaafii harka kan ifan tahanii sababaa wuduu'aarraa. Salaanni mu'imina dandayuu isii malee fayyaa hintaatu. Kanaaf inni waan mu'iminni baruufii barsiisurratti jajjabaatuudha.

Kitaaba kana keessatti waayee xahaaraa, wuduu'aafiikkaataa isaa mul'ifnee jirra. Akkaataa wuduu'a karaa vidiyootiin baarkoodii kana sakatta'uudhaan ilaaluu dandeessu.







Afaan hedduun
islaamummaa irraa mariisisi



islaamummaa irraa
odeeffannoo dabalataaf

Muslimni hunduu wudu'ini hojii kabajamtuu hojii islaamaarraa taate tahuu nibeeka. Karaabadiifii dilii irraa qulqullaawaniini. Hadiisatti muslimtoonni guyyaa qiyaamaa nikaafamanfuulaafii harka kan ifan tahanii sababaa wudu'arraa. Salaanni mu'imina dandayuu isii malee fayyaa hintaatu. Kanaaf inni waan mu'iminni baruufii barsiisurratti jajjabaatuudha.

Kitaaba kana keessatti waayee xahaaraa, wudu'aa'afiiakkaataa isaa mul'ifnee jirra. Akkaataa wudu'a karaa vidiyootiin baarkoodii kana sakatta'uudhaan ilaaluu dandeessu.



osoulcenter



www.osoulcontent.org.sa

Kitaaba kanaa fi kitaabota biroos
buufadhaa, karaa suuqii Osoul



OSOUL
STORE

osoulstore.com

